

Kadhannaa Gowwoomsaa Ganuuf Taasifamu

Waaqayyo Abbaa ati Waaqa dhugaa waan taatef akkasumas ifa kee dukkana irratti waan ibsituuf galanni siif haa ta'u. har'a dukkana keessa osoo hin ta'in ifa kee keessa jiraachudhaaf filadheen jira.

Sobootan kana dura dubbadhe hundaaf dhiifama naaf godhi. Yeroo baay'ee karaa salphaa irra adeemudhaan wanta sirrii ta'e osoo hin ta'in wanta natti salphatu qofa hojjechaa tureen jira. Yaa Gooftaa afaan koof onnee koo wanta xuraawwaa irraa akka qulqulleessitu sin kadhada. Onnee dhugaa dhagahuudhan gammadu, afaan dhugaa namoota birootti himuudhaf qophaahe naaf kenni.

Soba akkan balaaleffadhuu fi dhugaatti akkan gammadu jabina naaf kenni.

Har'a jireenya koo guyyaa guyyaatti soba fayyadamuu nan balaaleffadha.

Barumsaalee Islaamaa taaqiyyaa dabalatee soba hayyaman hunda nan balaaleffadha. Sobaa fi gowwoomsaa hunda irraa nan deebi'a. dhugaadhan jiraachuf nan filadha.

Yesus Kiristoos Karaa, Jireenya fi Dhugaa ta'uu isaa nan labsa. Eeggumsa dhagaa isaa jala jiraachuf filadheen jira.

Eeggumsi koo siin akka ta'ee fi dhugaan akka walaba na baasu nan amana.

Yaa Waaqayyo Abbaa samiirra jiraattu, ifa dhugaa keetitiin akkamitti jiraachuu akkan danda'u natti mul'isi. Jechootan dubbadhuu fi karaan irra adeemu kan dhugaa kee irratti hundaa'an natti mul'isi.